# XIINXALA MALA DHIYAANNAA QOODDATTOOTA ASOOSAMA DHEERAA ILILLII EDEDARRAA KEESSATTI

**BURTUKAN DABALAATIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE.**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJJII NAMOOAA,QO'ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014 /2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA MALA DHIYAANNAA QOODDATTOOTA ASOOSAMA DHEERAA ILILLII EDEDARRAA KESSATTI

**QORATTUU: BURTUKAN DABALAA**

**GORSAAN: FILEE JAALLATAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII BAACHILARII – AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014 /2021**

**FINFINNEE**

# Galata

Waan hundumaa dura isa nagargaaree jalqabaaf dhumakoo isa tahe waaqayyoof galanni haa ta`u. Itti ansuudhaan adeemsa qorannookoo  kana kessatti mufannaa malee nacina dhaabbatanii kan nagargaaran Dr Filee Jallataatif galannikoo guddaadha.

Akkasumas maatiikoo hundumaa keessa dadhibina tokko malee nacina dhaabbatan Abbakoo obbo Dabalaa Hinkosafi haadhakoo Taabootee Galataaf galannikoo dacha dachaadha.Itti dabales galma gahinsa qorannookotiif hiriyoonnikoo nacina dhaabbatan yaadan najabeessan maraf galannikoo guddadha.

## BAAFATA

Qabiyyee Fuula

Galata ... i
BAAFATA ... ii
Axareeraa ... iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1
1.1 Seenduubee Qorannichaa ... 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ... 2
1.3Gaaffiilee Bu'uuraa Qorannichaa ... 4
1.4 Kaayyoowwan Qorannichaa ... 4
1.4.1 Kaayyoo Gooroo ... 4
1.4.2 Kaayyoo Gooree ... 4
1.5 Barbaachisumma Qorannichaa ... 5
1.6. Daangaa Qorannichaa ... 5
1.7. Haqinaa Qorannichaa ... 5
BOQONNAA LAMA: SAKKATA’ A BARRUUWWAN WALFAKKII ... 7
2.1 Yaadrimee Ogbarruu ... 7
2.2. Gosoota Ogbarruu ... 7
2.3.Ruuqoolee Ogbarruu ... 8
2.3.1.Seenaa ... 8
2.3.2.Jaargocha ... 8
2.3.3.Mamfakkii ... 9
2.3.4.Waldiddaa ... 9
2.3.5.Yoomessa ... 9
2.3.6.Dhaamsa ... 9
2.3.7.Ija ... 10
2.4 Yaadrimee Hojii Kalaqaa ... 10
2.5 Gosoota Hojiii Kalaqaa ... 10
2.6.Yaadrimee Asoosamaa ... 11
2.6.1 Gosoota Asoosamaa ... 12
2.6.2.Asoosama Gabaabaa ... 12
2.6.3.Asoosama Dheeraa ... 12
2.7 Qooddattoota Asoosamaa ... 13
2.7.1. Akaakuuwwan Qooddattootaa ... 14
2.7.2. Ulaagalee Fakkaattiin Asoosama Keessatti Ittiin Qooddachiifaman ... 15
2.7.3. Tooftaawwan Qooddattoota Ittin Bocan ... 16
2.8 Fudhatama Qabaachuu Qooddataa ... 16
2.8 .1 Amanamummaa ... 17
2.8.2 Fulla'uu ... 17

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ........ 18
3.1 Saxaxa Qorannoo ........ 18
3.2 Madda Ragaalee ........ 18
3.3 Iddatto qorannicha ........ 18
3.4 Meeshaalee Fuunaansa Ragaalee ........ 19
3.5 Mala Xiinxala Ragaa ........ 19
BOQONNAA AFUR: DHIYYEESSAA QAACCEESSAA RAAGALEE ........ 20
4.1 Seenaa Asoosama Dheeraa Ilillii Ededarraa Gabaabinaan ........ 20
4.2 Haala Qooddachiisa Qooddattootaa ........ 20
4.2.1 Qooddachiisa Ilma Tokkichaa ........ 20
4.2.2 Qooddachiisa Daa’ imummaa ........ 22
4.2.3 Qoodddattoota Gargaartuu Xixiqqoo Asoosamichaa ........ 23
4.3 Mala Qooddachiisuu Kallattii Hawaasummaan ........ 24
4.4 Mala Qooddachiisa Kallattii Xiinsammuu mul’ atan ........ 25
4.5 Qaacceessa Qooddachiisa Xixiqqoo Kallattii Kalaqaatiin ........ 26
4.6 Qooddachiisaa Jaalala Dargaggeeyyii(Jaalleewwanii) ........ 26
BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI GOOLABAA ........ 28
5.1 Cuunfaa ........ 28
5.2 Goolabaa ........ 28
5.3 Yaboo ........ 29
WABII
Waraqaa Mirkaneeffannaa

## Axareeraa

*Kitaabileen afaan oromoon barreeffaman yeroo dheeraan dura hinjiran ture.kitaabilee qofaas osoo hin taane waggoota baayyeef afaan dubbii akka hintaaneef dhiibbaan adda addaa irratti geggeeffamaa tureera.Kunimmoo guddina afaan kanaan quucarsuu keessatti gahee guddaa bahatee jira.Dhaloonni bara moototа abbaa irree keessa dabarse hunduu afaan kana dubbachuun itti ulfaachuu irra darbee maqaa afaan sanaan moggaafaman arguun baayyee ulfaataa ture. Kana irratti hundaa'uu Qorannon kun xinxala mala qooddachiisuu asoosama Ililli Eededarra jedhu irrati kan gaggeffameedha .Kaayyoo guddaan qorannichaa  sakkatta`afi malawwan qooddachisa  barreesssan asoosama kana keessatii itti fayyadamee agarsiisuu yoo yoo ta`uu : mata dureee kana jalattii akaakuu qoddattoota ,ga`ee isaanii ,haallii isaan  qooda ittii fudhaatan, amala  fakkaattoota kannnen muraasaafi qooddachisaa bifa gabaabaa ta`een ni kaa`a. Kana malees asoosamicha keessatti fakkaattoonii jiraan maala akka fakkatanii fi barressaan akkamittii yaaxxinaalee ammayyaa kallatti kanaan jiran waliin walqabsiisee akka hojii isaa akka dhiyeessu ilaaluunfi ciminaa dadhabinni asoosamichaa maal akka fakkatu addan baasuun  yaadawwan furmaataa lafa kaa`amuuf yaalamaniiruu .Gama biraan haala haawaasummaa, ximsammun, ejjennoo, haala barressan qoddattota ittin umeefi gahee qoddattota ittin uumeefi gahee qoddattoota gurguuddoof xixxiqqoo asoosamicha kessatti qabaniirratti hundaa`uun qorannon Kun adeemsifameera.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruuu oromoo yeroo durii cunqursaa mootummoota garaagaraatiin hacuucamaa kan ture ta`uu isaa walnama hinmormisiisuu kana irra darbee afaan oromoo sadarkaa ittiin baratamuun akka yakkaatti ilaalamaa ture.Dhiibbawwan akkanaa kunnee afaan oromoo irra bal`inaan qaqqabaa turaniiru.Haa ta`uu malee afaan oromoo yeroo ammaa kana sadarkaa itti dubbatamuu bira darbee sadarkaa afaan qorannotti guddate jira.Ogbarruun dabarsa aadaa uummataati.Galmee jiruufi jireenya ilma namaaa kan namootafi hubbannoo beekumsa muuxaannoo sadarkaa adda addaa qabanitti.Ogbarruu ogumma umurii dheeraa qabu waan ta`eef qorannoon garaagaraa bal`inaan irratti geggeeffameera.Asaffaan.(2009:16)’ ’ Ogbarruun waa`ee uummata oromoo uummattotaaf deebisee kan dhiyeessuu daawwitii jiruufi jireenya dhala nama kan mul`isuudha’ ’ jedha.Ogbarruuun hojii kalaqaa dhalli nama arga yaadaatiin sammuu isaatiin umudha.Ogbarruun dabarsa aadaa ummataati.

Wanti yaada kana irra hubatamu ogbarruu keessatti uummanni kan muddaa isaa keessatti of argee mudaa isaa keessatti of ilaaluu of sirreessudha.Gama biratti immoo asoosamni gosa ogbarruu keessa isa tokko ta`ee kan barreessaan waan addunyaa kana irratti jireenya keenya keessatti nu mudachuu danda`an uumuun qindeesse bifa qabatamaa ta`een kan nuuf dhiyeessuudha.Yaada kana **Asaffaan**.(2009:125) yoo ibsu “ Asoosamni hojii barruu sammuu namaattin uumamee dubbisaaf dhiyaatuudha’ ’ jedha

.Asoosamni damee ogbarruu barreeffama ta'ee kalaqa arga yaadaatiin uumaamuufi bifa hololootiin barreeffamu kan ibsamudha. Asoosamni tokkoo asoosamaa jedhamuuf caaccuuwwan asoosama qabaachuun dirqama.Caacuuwwan asoosama kanneenis kan akka: Namfakkii, yoomeessa, ija, waldhabbiifi kan kana fakkaatan kana hammatuudha.Akka yaada dabalatatti Fedhasaan.(2013:6) Kitaaba isaa keessatti Asaffaa wabeeffachuun akka jedhutti “ Ogbarruu kalaqa sammuu ta`ee jechoota filatamoo yaada barbaade afaaniis ta`ee barreeffamaan mi`eessee miidhagsee dabarsa’ ’ jedhan.Ogbarruu waa'ee hawaasa tokko Waan dabarsuuf human qabeessuummaa isaa guddadha.

Kana jechuun ogbarruun tokko waan barreeffamus waan afaanii himamuni dabalata jechuudha.Fedhasaa.(2013:7) Ogbarruun kalaqa sammuu ilma nama ta`ee ogummaafi dandeetti aadaa,duudhaa,falaasamafi haala jiruufi jireenya,akkasumas dhageetti keessoo ofii gaddaafi gammachuu qaban kan ittin ibsataniidha. Jedhaan waanti yaada kana irraa hubannuu hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti adeemsa yookaan raawwii godhuu keessatti ogbarruu itti dhimmaa bahu isaa agarsiisaa. Ogbarruun ogbarruu afoolafi ogbarruu barreeffama jedhamuun iddoo lamaatti qoodama. Ogbarruu barreeffama keessa asoosamnii isaa tokkoo ta' ee kan barreessan gochaalee addunyaa dhugaa keessaatti namoota hawaasa keessaa jiratanii rawwatamuu dandaa`an bu' uuraagodhatee akka hubannoo isaatti qindeessuun hojii kalaqaa sammuu isaatti**.Asaffaan**(2009:125)akka jedhutti " asoosamni hojii ogbarruu sammuu namaatti uumamee dubbisaa dhiyyatudha. " Hojii Seeneeffamaa lubbuu qabatee akka socho`uu kan tasiisuu qooddatoota barreessaan kalaqee hojii isaa keessatti gargaaramudha. Qooddatoonni asoosama hojii namoonni addunyaa keessaa jiraatan hojatan tasiisuu kalaqamudha. Kanaaf asoosamnii dawwiitti jiruufi jireenyaa dhala namaatti jedhamaa.

Haalumaa kanaan qorrattuun qorannoo ishee kana caaccuulee asoosama keessaa ijoo kan ta`ee mala qooddachisuu fakkatoota asoosamaa dheeraa Ilillii ededarraa qaaccessite.Waluma galatti qorannoon kun boqonnaawwaan shan qabachuun dhiyaate.Qorattuunnis yaadarimeewwaan qooddata fiqooddisaa ilaalatan kaasuun fakkatoonnifi qooddatoonni asoosamichaa maal akka fakkaatanii fi akkamitti akka qooddachiffaman gahee isaa waliin haala gadifageenya qabun xiixaluun dhiyeessitee jirti. Ciminafi hanqina asoosamichaas gama kanaan addaan baastee mul`istee jirti. Akka yaada dabalaatti fayidaa qorannoo kana asoosamoota garaa fula duraatti barreeffamannifi kanneen barreeffama jiraan hubannoo guddaa kennuu, goobaangaleessaafi qooddatan addaan baasee kan hubachisuudha. Beekumsaafi daandeetti qorannoo kana irraa argataan namoonni fedhii hubannoo barreessu qaban hojii cimina qabu akka dhiyeessan gumaacha tasiisaa. Kallaatti mala qooddachisaattin namoonni asoosamoota Afaan Oromoo irratti qeeqoo adeemsiisuuf barbaadan hundaaf gahuumsa gaarii ta`a.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannon tokko yeroo gaggeffamuu ka`umsa mataa isaa qaba. Kanaaf anis qorannoo kana gaggeessuf kan na kakaase haala qooddataan yookaan mala qooddachisuu asoosama Ililli

Ededarraaddan baasuufi gama biraan immoo qoddattonni fi fakkattonni asoosamicha maal akka fakkatanii fi akkamitii akka qooddachifamanadda baasuf kan gaggeffameedha.Qarnnoon kunis rakkoowwan kana bu`uuraa godhachuun barreessaan hanga yaaxinoota jiran kanaan walsimsiisee firiiwwan asoosamatti akka fayyadame hanqinafi cima isaa madaaluudhaaf akkasumas asoosamichi qooddachisuu irratti ulaagaa akka guute xiinxaluuf akka gaggeeffamu ta`eera.

Innis wantoota asoosamni gaarii tokko irraa ijaaramu keessa qooddachiisa fakkaattiwwannii irratti xiyyeeffachuun barreessan asoosama kanaa akkamittin kallatti garaagaraatiin ergafi dhimma asoosamicha akka galmaa ga`ee addaa baasuuf gaggeeffame.Haa ta`uu malee qorannoon kun qorannoowwan kan dura gaggeeffama irra addaa kana isaa taasiisuu waan hedduudha.Isaanis qooddattoonnii asoosama keessatti gahee akkamii akka qabanifi maal akka fakkaatan gadii fageenya kan qoratamanii miti.Haala akkamii keessatti qooddatamuu yookaa immoo maaliin qooddachifamuu danda`uu;asoosama tokkoo qooddattoo yookaan fakkaattota akkamiin ofkeessatti hirachisaa kan jedhu ta`a.Qorannoowwan adda addaa asoosamoota afaan Oromoo irratti adeemsifama turan ni jiru.

Haa ta'uu malee asoosamoota barreeffamanii uummataaf dhiyaataniifi dhiyaacha Jiram Mara irratti xiinxala gad fageenya geggeessuun ciminaafi haqina isaan qaban adda baasanii yoo dhiyeessan bal'inaan hinmul`atu.Hojiileen asoosama xiinxaluufi qeequun ammo guddina afaanichaafis ta`e;dhaamsa asoosamichi dabarsuu barbaade sana karaa salphaafi ifa ta`een dubbistoonni akka hubbatannif gumaacha olaanaa qaba.Akka Dassaaleny(2016:5) wabbeeffachuun ibsti.

Yaaduma kanaa ilaalchise E.Showalter(1986:303)akkas jedha."literary criticism may involve the historical context of the work,the auther`s life,the works content or message,or the author's style or technique (use of characters,themes,language, etc.Innis waantoota asoosamni gaariidha tokko irraa ijaaramu keessa qooddachisa fakkaattiiwwanii irratti xiyyeeffachuun barreessan asoosama kanaa akkamittiin kallattii garaagaraatiin ergaafi dhimma asoosamicha akka galmaan gahee adda baasuuf geggeeffame.Haala guddinaafi sadarkaa ogbarruu oromoo jalqabbii isaa irraa kaasuun you ilaallee hangas Mara guddateera jechuun nama dhiba.Kun ammoo sababa dhiibbaa siyaasaa biyyattiifi kallattii ogbarruu barreessuutiin xiyyeeffannoo gahaan jiraachuu dhiisuu isaatiifi

kanneen biroodha.Akkasumas asoosamichi qooddachiisuu irratti hangam ulaagaa akka guute xiinxaluuf akka gaggeeffamu ta`eera.

### 1.3Gaaffiilee Bu'uuraa Qorannichaa

Gaaffiilee bu`uuraa qorannoo kanaas kanneen armaan gaadiiti.

- Barreessaa asoosama keessatti maaliirratti hunda`uun miira akkamii gonfaachisuufi bakka akkamitti fakkattoota qooddachise?
- Haalli qooddachisaan asoosamicha sab-seenaafi erga akkasumas,firiiwwan asoosama kannee biroo waliin walqabatee hamma deema?
- Fakkattoonni Asoosamicha keessatti gahee akkamii qabu?

### 1.4 Kaayyoowwan Qorannichaa

kaayyoo qorannoo lamatu jiruu :isaanis kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetii.

#### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannichaa mala qooddachisuu  asoosamichaa fakkaattota asoosama dheeraa Ilillii Ededarraa  keessatti argaman xiinxaludha.

#### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo walii gala irrattii dabalataan qoorannon kunkayyowwan  murtaawo armaan gadii bu`ura godhatee kan hojjatammedha . isaanis

- Barreesaan asoosama Illilli Ededarraa keessatti maal irrattii hunda`uun miiraa akkami gonfachisuunfi  akka akkamitti akkasumas maal agarsiisuuf fakkaattota akka qooddachisee sakkattaù:
- Haalli qoddachisaan asoosamicha sab-seenaa fii ergaa akkasumas ,firiiwwan  asoosamaa kanneeen biro waliin wal-qbatee deemuu xiinxalu .
- Fakkaattonni asoosamichaa gahee maal akka qabanii fi dhimma qoddachifamanif agarsiisuu dandaùu isaanii qaaccessudha.

### 1.5 Barbaachisumma Qorannichaa

Barbaachisumma qoraannoo kana irra argamuu qaamota armaan gadii tajaajiluu dnada`a.

- Asoosama gara fula duraatti barreeffamani kanneen barreeffamu irraa jiran keessaatti bu`uureessuun firiiwwan akkamitti fayyadamnu fakkaattota isaa akkamiitti qooddachisuu bu`uura kaa`a.
- Waa`ee qooddachisaa ilaalchiisee gara fula duraatti kallatti garaa garaa hojiwwan hogbarru irrattti namoota qoorachuu barbaadaniif yaada ka`umsaa taa`a. kana males firiwwan asoosana kannen biro illee akka xinxalamanif kaka umsa uuma.
- Dagaagina ogbarruuwwan afaan oromoo tokkof iddoo guddaa kan qabudha .
- Yaadrimee fakkatti fi mala qooddachisaa irratti hubannoo ni kenna
- Kallatti qooddachisaatin namoota asoosamoota afaan irratti qeeqoo gaggeessuu barbaadan hundaaaf ka`umsa gaarii ta`a.
- Hubannoofi beekumsa qorannoo kanaa irraa argataniin namoonni fedhafi dandeetti barreessu qaban hojii cimina qabu akka dhiyeessan gumaacha ni taasisa .

### 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun dameewwan ogbarruu barreeffama keessa asoosama dheeraa irratti kan gaggeeffameedha.Asoosamoota Afaan Oromoo keessa asoosama dheeraa "Ilillii Ededarraa" kan Urjii Lammii Ammaaree bars 2017 barreeffama irratti kan gaggeeffameedha.Qooddattota irratti kan xiinxiilameedha.

- Qorannoo tokko gaggeffamuf dursa daangeeffamun isaa dirqama. Kanaaf qorannoon kunis kallattidhaan fakkaattota asoosama Ilillii Ededarraa keessatti jiran irratti mala isaan ittin qooddachifamaniifi gahee isaan qabataani dhiyaatan xiinxalu irratti kan fuulleefffatedha .
- Haala kaaanis yaaxiinaalee mala qooddachiisu fakkatttota asoosamaa ilaalchuisee dhiyaatan bu`urefachisuu mala qoddattota asoosamaa kessatti hirmaachisuun qabatamaa taasiisanii dhiyeessuufi eergaa waldhabbi akkasumas sabseenaafi dhimmota birio asoosamicha walin haala walsimatun fakkatti agarsiisu.

### 1.7. Haqinaa Qorannichaa

Qorannoon kun gama qooddachiisaatin hubannoo gahaa kan keennu yoo ta`ee iyyu, firiiwwan asoosamaa jiran (sab seenaa ,ergaa, yoomeessaa , afaan qooddataa, waldhabbii,fi kana kana

fakkatan ) maran kessattii fakkaattin kan jedhuu qofaa irratti waan xiyyeeffatuuf firiwwaan asoosama kanneen afaan asoosamichaa keessattii maal akka fakkaatan bal `inaan hinkaasu. Kuniis haanqiinaa yeeroo fii kaayyoo qorannichaatiin kan daangeeffamuudha. Gama biraatiinis qorannichii kitaaba asoosamaa tokko qofarraa waan gaggeffameef waa`ee barreessiitootafi taaboota asoosamaa kanneen biro yaada walii gala hin dabarsuu. Kanaaf qoranno kun kitaaba asoosamaa filatamee qofa irratti kan hundaa`e tahuu isaa hubachuun barbachisaadhaa.

Hanqina yeroofi baajataa gahaa tahee ,haanqinaa meshaalee qorannichaaf barbaachisan kannnen akka kitaaba dabalataa koompitara fa`a ta`a.

Qoranno kana geggeessuf sakkatta`a barruu walfakki qorannoo kanaan walfaakkatan haanga dubbiseefi ilaaleetti argachuu hindandeenye. Akkasumas mana kitaaba keessattis qorannoowwaan afaan oromoon taasiifaman mana kitaabattii bayyiinaan argamuu dhabuu.

# BOQONNAA LAMA: SAKKATA’A BARRUUWWAN WALFAKKII

## 2.1 Yaadrimee Ogbarruu

Ogbarruu ogummaa waa uumuu ta’ ee kan muuxannoo jiruufi jireenyaa haqaa irraatti ittiin bu’ uureessinuufi akka namaaf galuu danda’ utti miidhagsinee kan ittiin ibsinuudha. Haa ta’ uu malee, hiikni ogbarruuf kenname akkuma hayyoonni adaa addaa ta’ an hiikni isaa kennaaniis garaagarummaa qaba. Wasaneen (2008:178) yaada kana yoo ibsu,``ogbarruun hiika tokko kan namoonni hundii irratti waliif galan hinqabu.`` jedha. Wanti yaada kanarraa hubannuu ogbarruuf hiika dhabbaataa kana jedhamu lafa kaa’ uun rakkisaa ta’ uu isaati. Sababnii isaas, hayyoonni yommuu ogbarruuf hiika laatan akkaataa hubannoofi muuxannoo isaanii irratti hundaa’ u.kunis, yaadafi ilaalchaa dhuunfaa isaanii irraa ka’ uun waan ogbarruuf hiika ta’ an jedhaanii yaadaniin waan ibsaniifidha.

Asaffaan (2009:20) yaada kana yoo ibsu, ‘ ’ Ogbarruun dabarsa aadaa ummataati. Galmee jiruu fi jireenyaa ilma namaa kan hubannoo,beekumsaafi muuxannoo sadarkaa adda addaa qabaniiti. ‘ ’ jedha. Akkuma yaada hayyuu kanarraa hubannuti, ogbarruun meeshaa eenyummaa aadaafi beekumsa hawaasa tokko bakka bu’ ee ibsuu danda’ uudha. Misgaanuun(2012:8) yaada kana yoo ibsu ‘ ’ ogbarruun bu’ aa ba’ ii hawaasni tokko keesaa darbee galmeesse kaa’ a. Waan saba tokkoof ta’ eefi saba sana irratti ta’ e ogbarruun sakatta’ amee labata yookiin dhaloota dhufuuf darba.’ ’ Jedha. Kana jechuun ogbarruun waa’ ee hawaasa tokkoo dhaloota dhalootatti dabarsa. Akkasumas, ogbarruun waa’ ee hawaasa tokkoo waan dabarsuuf human qabeessummaan isaa guddaadha.

## 2.2. Gosoota Ogbarruu

Ogbarruun haala ittin dhihaatu irraatti hundaa’ un bakkalamatti qoodama.Isaanis: ogbarruu barreeffamaafi kan afoolaati.Ogbarruu barreeffamaas ta,e kan afoolaa amaloota nama bashanna

nsiisuu,barsiisuu,kofalchiisuu,qirqiruu,gaddisiisuu,gammachiisuu,amaansiisuufi kan kana fakkatan qaba(Fedhasaa Taddasaa fiHundumaa Dabalii,2011).Haaluma walfakkatuun Zerahun Asfawuu(2003,f.3)yaada kana yoo ibsuu,’ ’ ogbarruun hojii kalaqaa bifa barreeffamaa fi afoolaan mul’ atu ta’ ee,jechootatti dhimma bahuun waa’ ee jireenya namaa namaan qindaa’ ee deebi’ ee namaaf kan ittin hihaatuudha jedha.

Yaada armaan oliirraa kan hubannu, ogbarruun karaa barreeffamaa fi karaa afoolaan akka dhihaatuudha.

### 2.3.Ruuqoolee Ogbarruu

eensonni yookaan caacculeen asoosama dheeraa waantoota asoosama tokko asoosama taasisan yookaan waantoota asoosamni tokko irraa ijaaramuudha.Yaada kana raga interneetiirraa argame, ‘ ’ Elements of novels explained how to write anovel’ ’ ,jechuun ibsa.Miseensota asoosama dheeraa jechuun kan asoosamichi qaama horatee yookaan dagaagee human godhatee akka dhaabbatuuf kan asoosamicha ijaaraniidha.Namni asoosama barreessus ta’ e dubbisu tokko maalummaa miseensota asoosamaaeekuun barbaachisaadha.Kanamalees,miseensonni asoosamaa asoosamaafi dubbistoota kan walqunnamsiisaniidha.Akkasumas miseensonni asoosamaa giddugala hiika seenessanaati.Yaada kana Tafarii Ayyaanaa(2008,f.105)yoo ibsu, ‘ ’ Elements of fiction refers to the central meaning of story’ ’ jedha.Yaadni kun miseensoonni asoosamaa seenaa asoosamaaf barbaachisoo ta’ uu isaanii ibsa.

Miseensonni asoosamaa waantoota asoosama tokko irraa ijaaramu kan argisiisuudha.(Zarihuun Asfawuu,2003)caacuulleen asoosamaa isa kam akka ta’ anii fi akkataa ittin asoosama tokko keessatti argaman yoo ibsu,waantoonni caacuullee asoosamaa jedhamuun beekaman :seenaa,jaargocha,namfakkii,waldiddaa,yoomeessa,dhaamsa yookaan ergaa fi ija seenaan irraa dhihaatuudha.

### 2.3.1.Seenaa

Seenaan ta’ insotaaf gochoota asoosama tokko keessatti haala walduraaduubaatiin dhiyaatufi kan asoosamni tokko irratti hundeeffamu yookaan bu’ uureffamuudha.(Zarihuun Asfawuu,2003,f.155)seenaa asoosama tokkoof isa jalqabaafi isa bu’ uuraa ta’ ee,ta’ insota tartiibaan kan dhiheessuudha.

Seenaan asoosama keessatti dhimma gudda dhiyaatu keessa isa tokkoodha.Asoosamni seenaa rawwatamee darbee tokko irratti kan hunda'ee kan barreeffameedha.

### 2.3.2.Jaargocha

Jaargochi gochaa tartiibaan kan dhiheessu ta’ ee,garuu gaaffii’ ’ sanaa booda hoo?jedhuuf deebii kan kennuu osoo hin taane,gaaffii’ ’ maali?’ ’ jedhu deebisuudha.Kana jechuun gochi tokko sababa itti raawwatamuu danda’ e niargisiisa jechuudha.Haala kanan seenaa irraa adda ta’ uusaa MAR Habib(2005,f.607)Shlovsky wabeeffachuudhaan akkas jechuun ibsa’ ’ sholvsky distinguish between story’ ’ which was merely adescription of events and plot was structure of cause and effect.

Haaluma walfakkaatuunMilhorn(2006,f.2)maalummaa jaargochaa yoo ibsu, ‘ ’ plot is the sequsnce of events in story as the author choose the arrange them.It is achain of events and the causesome subsequent events, ‘ ’ jedha.Akka yaada kanatti,jaargochi ta’ insota seenaa tokko keessa yookaan kan ittin dhihaataniidha.

### 2.3.3.Mamfakkii

Namfakkiinjechuun namoota barreessaa asoosamaatiin uumamaniifi addunyaa asoosamaa keessatti argaman ta’ anii,yoomessa asoosamichi bu’ uura taasifate irratti hundaa’ uun amantaa,ilaalcha,yaada,aadaa,jiruufi jireenya hawaasa bara sanaa kan calaqqisiisan yookaanibsan bakka bu’ oota namootaa addunyaa dhugaa keessaa lubbuudhaan jiraniiti.Kkirszer andMandell(1994,f.15)waa’ ee namfakkii akkana jechuun ibsu, ‘ ’ acharacter is afictional presention of person usually psychologically realisti depiction,’ ’ jedhu.

Namfakkiiwwan kanneen caacullee asoosamichaa wajjin qinda’ anii,ilaalcha yookaan yaada barreessichaa jireenyaaf qabu karaalee inni ittin ibsatu meeshaalee olaanaa akka ta’ an(Zarihuun Asfawuu,2003)ni ibsa.

### 2.3.4.Waldiddaa

Waldiddaan walitti bu’ insa humnoota lama gidduutti sababa adda addaatiin taasifamu yemmuu ta’ u,seenaan asoosamichaa bal’ achaa,dubbisaa ofitti hawwachaa akka deemu kan godhan yookaan kan taasisan keessa isa tokko.Waldiddaan namfakkiiwwan asoosamicha keessatti walitti dhufeenya gidduu isaaniitti uumamurraan kan ka’ e,sababoota adda addaan wal’ aansoo keessa akka seenan(Zarihuun Asfawuu,2003)ni ibsa.

Waldiddaan caaccuulee asoosama keessatti kan akka seenaa gara fulduratti tarkaanfatu yookaan babal'atu kan taasiisuudha.Waldiddaan seenaa asoosama keessatti walitti bu'insa namfakkiilee gidduutti uumamuudha.

### 2.3.5.Yoomessa

Yoomessi yeroo,bakkafi haala hawaasummaa asoosaan fayyadamee barruu isaa keessatti barreessuudha.Akkka haayyuu Arnold(2001)ibsutti, setting present that what is the place of the action presented?,time? The social circumstances?’ jedha.

Akka yaada haayuu kanatti,yoomessi iddoo yookaan bakka taateen yookaan raawwiin ittie ibsame,yeroo isaa dhugaa hawaasaa akka xiyyeeffatu nuhubachiisa.Yoomessi bakkafi yeroo seenaan asoosamichaa keessatti seeneessamee xumurameedha.Yookaan immoo bakkaafi namfakkiiwwan asoosamichaa keessatti argaman sun itti jiraataniidha.

### 2.3.6.Dhaamsa

Ergaan yaada giddu-galeessaa asoosamichaa kan barreessaan adeemsa seenaa tutuqu,kan hariiroo jaargochaa,namfakkii,yoomessaa fi kan kan fakkaatan irraa uumuufi kan dubbisaan gadi fageenyaan qoratee bira gahu yookaan hubatuudha.Yaada kanas Trimmer(1995,f.3)yoo ibsu, ‘ ’ theme is the central unifying idea about human experience that grows out of all other elements in the story jedha.

Kanaafuu ergaan dhimmoota cicciimoo hawaasa keessa Jira akkaataa jireenya,sadarkaa barnoota,aadaa,amantii,siyaasaa diinadgeefi hawaasummaa bu'uuffatee kan asoosama alkakkatiidhaa dubbistootaaf dabsrsudha.

### 2.3.7.Ija

Ija jechuun seenaan asoosamichaa dubbistootatti kan himu yookaan dubbistootaaf kan seeneessu eenyu?,seenessaan seenaa seeneffamu wajjin walitti dhufeenya yookaan hariiroo akkamii qaba?,seenichis kan seeneffame ija eenyuun ilaalameeti? Gaaffii jedhaniif deebii kan laatuudha.Kallatti barreessaan seenaa asoosamichaa itti dhiheessuudha.Yaada kana Milhorn(2006,f,11)yoo ibsu, ‘ ’ point of view of novel is the perspective from which the reader is allowed to view the action and the characters’ ’ jedha.
Kana males ijji asoosama haala barreessaan waa'ee qooddattoota gochaalee raawwatan yoomeessafi ta'iinsota garagara dubbisootatti ibsaman gochuun kan dhiyyeessuudha.

## 2.4 Yaadrimee Hojii Kalaqaa

Ogbarruun hojii kalaqaa ilma nama ta’ ee : aadaa, seenaa , duudhaa, siyaasaa, dinagdee hawaasasummaa, amanta, falasamaafi haala jiruufi jireenya hawaasaa tokko kan itti calaqqisiffamuudha. (Fedhasaa Taaddasaafi hundumaa dabalii,2011). Kana malees .ogbarruun

Hojii kalaqaa ta’ ee muxxannoo jiruu jireenya addunyaa keessatti wantoota hawaasaaf faayidaa qabuufi miidhagina qabuudha. Dabalataniis afoola hawaasaa tokkoo bira barreeffaman dhaloota tokkorra gara dhaloota iytti anuutti dabarsuu keessatti bgahee olaanaa qaba.

Yaada bu’ uura barreeffama kalaqaa creative yaada bu’ uura ka’ uumsa godhachuun fayyadamu jechuudha. Kalaqni wanta tokko uumuudhaaf arga yaada yookaan yaada haara gargarauumudha. Hojiin immoo yaanni tokko yoonamaa biratiin durse hojeetame yookaan yaaadamee kalaqaa dhalli namaa argaa yaadatiin sammuu isaatiin uumuudha. Kanaafuu ogbarruun barreeffamaoota kalaqaaa qofa osoo hin ta’ iin afoolailee kan hammatudha. Misgaanuun (2012:8) yaada kana ilaalchisee yommuu ibsu, “ ogbarruun bu’ aa ba’ ii jireenya hawaasni tokko keessa darbeefi darbaa jiru galmeessee kan ol ka’ uudha.” jedha.

## 2.5 Gosoota Hojiii Kalaqaa

Bifa ittin dhiyaatu rratti hunda’ uun hojii kalaqa yookaan ogbarruu bakkaa gurguddoo lamattii qooduu ni dandeenya. Isaanis ogbarruu barreeffama fi ogbarruu afoolati. Ogbarruun barreeffama waraqaarraatti bifa barreeffamatiin barreeffaman kan dhiyaatuudha. Kana malees, wanti yaadame waraqaarratti barra’ uun dubbistootaf dhiyaata.

Ogbarruun afoolaa immoo himamsa afaaniin dhiyaata. Fedhasaa (2013). Afoolli kalaqaa hawaasaa kan afaaniin dhaloota tokkoo gara dhaloota biratti darbudha.

Ogbarruun barreeffama kalaqamuu qubee hordofuun kan mul' ate yommuu ta' uu dame kanaaf maddaa bu' uuraa kan ta' ee tajaajile ogafaaniidha. Kanaafiyyuu ogafaan lafee dugdaa ogbarruu barreeffamati jechuun ni dandeenya.

Ogbarruuwwan hedduun isaanii yeroo jalqabaatiif barreeffamoota dhagaa gubbaatti qubeewwan duritin barreeffamani mul' ataniiidha dame ogbarruu kun barreeffamoota dhagaa gubbaatti ka' ee adeemsa dheersaa keessa guddachaa dhufuun yeroo amma kana dame miidiyaa irraa gaheetu jira. Itti dabaluunis hojiilee kalaqaa qeequu waanta qabatamaa seenaa tokko beekuuf haala jireenyaa barreessaa addaan baasaanii hubbachuun ergaafi qabiyyee hojii sanaa haalaan akka hubbataniif gargaraa.

Kana malees, tooftaa barreessan fakkaattoota uumuuf yaale, dhaamsaafi haala itti fayyadama afaanii dubbistoonni addaan baasanii akka hubataniif umaachaa olaanaa godha. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu Dassaalenyi Hayiluu(2916:5) Fiqaaduu Qana' aa (2012:6) wabeeffachuun akkas jedha.

Hojiilee kalaqaa qeequu ilaalchisaafi eenyummaabarreessaan hawaasaaaf qabu hubachuuf namaa gargaraa. Kana malees ciminaafi hanqina hojii sana addaan baasanii agarsiisuudhaan ergaan darbuu barbaadamee kallatti barbaadameen akka dubbistoonni hubatan gochuuf ga' ee olaanaa qaba.

## 2.6.Yaadrimee Asoosamaa

Asoosamni haala jiruufi jireenya hawaasaa kan ibsuudha.Maalummaa asoosamaa ilaalchisee haayyonni adda addaa haala dirree qorannoo fi haala falaasama isaaniirratti hunda' uun hiika mataasaanii laatu.Malaaknee Mangistuu(2006,f.139)yoo ibsu,' ' Afiction prose narrative present apicture of real life specially of emotional erises in the life store of the man and woman portrayed,jedha.Akka ibsa haayyuu kanarraa hubannutti,asoosamni suuraa jireenya addunyaa dhugaa,keessattuu seenaa jireenya namootaa kan ibsu ta' uusaati.

Asoosamni dameewwan ogbarruu keessa tokko ta' ee,tooftaa barreessuu namoonni dhugaarratti hunda' uun kalaqa sammuu baasanii ittin mul' isaniidha.Kalaqni barreeffamaa kunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kandeemuudha.Waa' ee dhimma asoosamaatiin walqabatee Fedhasaa Taaddasaa(2013,f.67)haala kanaan hiika,' ' asoosamni ergaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa keessatti kaasee kan mul' isuudha.Akka yaada kanaatti,muuxannoofi mudannoo

namni tokko haala jiruufi jireenysaa keessatti mul’ isuufi sammuu barreessaa keessatti kalaqamee bifa ittin dhihaatuudha.

Asoosamni dhugaa hawaasa keessaa bu’ ureeffachuun haala sammuu barreessaa kan dabalatuudha.Yaada kana ilaalchisee Asaffaa Tafarraa(2009,f.125)yoo ibsu,’ ’ barreessaan asoosamaa tokko,dhugaa jiru irratti hundaa’ ee amala sansaka/personality/hubannoofi kan kana fakkatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaa isaa kan dubbistootaaf ittin dabarsuudha.Akka yaada kanarraa hubannutti,waantoonni hawaasa keessatti calaqqisiifaman asoosaman ibsama.

### 2.6.1 Gosoota Asoosamaa

Asoosamni gosoota gurguddoo lamatti qoodamu.Isaanis asoosama gabaabaa fi asoosama dheeraa dha Migaanuu Gulummaa(2012).

### 2.6.2.Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa keessaa tokko ta’ ee,kan qabiyyeedhaan asoosama dheeraa gadi ta’ e gosa asoosamaati.Innis yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee xumuramuu kan danda’ uudha.Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa ta’ ee daqiiqaa(30)hanga sa’ atii (2:00)tti dubbifamee kan dhumuudha.(Wasanee Bashaa,2008).Haaluma walfakkatuun Misgaanuu Gulummaa(2012,f.8)yaada kana yoo ibsu,’ ’ asoosamni gabaababn daqiiqaa soddomaa hanga sa’ atii lamaatti dubbifamee kan xumuramuudha.

Kunis kan bifa hololoon barreeffamu,tokkummaa cimaarratti kan hundaa’ e jechoota kuma kudhanii gadi ta’ aniin barreeffamee kaayyoo bu’ uuraa tokkorra gahuuf kan qopha’ u, asoosama gabaabaa’ ’ jedha.Yaada kanarraa kan hubannu,asoosamni gabaabaan dadhabbii tokko malee kan dubbistoonni dubbisuun hubatan akkata’ e kan nuhubachiisuudha.

### 2.6.3.Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan dame ogbarruu keessaa tokko ta’ ee,haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo qabatamaan kan dhiheessuudha.Asoosamni kunis ammayyaa kan qabu kalaqa seeneessama dheeraa sammuu barreessaatiin uumamee bifa hololootiin kan qophaa’ udha.Yaada kana Wasanee Bashaa(2008)yoo ibsu, ‘ ’ asoosamni dheeraan gosa ogbarruu ta’ ee seeneeffama dheeraa sammu barreessaatiin kalaqamee bifa hololootiin qophaa’ udda,’ ’ jedha.

Innis waa’ ee namootaa guyyaa guyyaatti mul’ atanii waan ibsuuf,haalli dhiheenya isaas kan namoota lubbuun jiraniin walfakkatuufi gochaalee asoosamaa keessatti raawwataman dhugummaan waan raawwataman fakkatu.Gochi raawwatameefi bakki itti jireenya isaanii keessatti beekamuufi dubbistoonni waan gochaan keessatti hirmaatan fakkata jedha.Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu,asoosamni dheeraan jireenya dhalli namaa jalqabaa hanga dhumaatti keessa darbuun dhugaa fakkaatee kan dhihaatuudha.

## 2.7 Qooddattoota Asoosamaa

Fakkattiin akkuma firiiwwan asoosama kanneen biroo hojii kalaqaa ogbarruu uumu keessatti iddoo guddaa qaba. Maalummaa fakkaatti ilaalchise (**Harry Show**,1905:07) akka jedhutti "In literature character has several other specific meaning not ably that of a person represented in a story, novel, play, etc." Kana irraa wanti hubachuun danda'amu hojii ogbarruu keessatti bakka bu'mmaa namoota dhugaa addunyaa kana irraa fuudhaachuun, fakkaattoonnifi seenaa asoosamaa ,diraamaa ,taphoota adda adddaafi kan kana fakkaatan keessatti ga'ee olaanaa qabaatanii kan seenaa barruu dhiyaate Sanaa galmaan gahan fakkaattoota ogbarruu kalaqame sana keessatti qooda fudhatan ta'uu isaaniiti.

Fakkaattoonni kunniin hojiiwwan ogbarruu kanneen akka raagoo, sheekkoo, durdurii, fi kanneen biroo keessatti Nnma ta'uu dhiisuu danda'u garuu yeroo baayyee wantoota namni raawwatu raawwachuun dubbachuun qooda namootaa fudhatani dhiyaatu. Gama birootin ammoo, haallii fakkaattoota kanaa hojii asoosama keessatti gama garaa garaatiin itti fayyaadamuun, hirmaachisuun ,uumuun ,qooddachiisa jedhamuun beekama.

Kana males, yaadrimee qoddachiisaa jedhuuf barreessitoonni garaagaraa kallaatti hedduun hiika kennaniiruuf. Hiikni kunis kan kenname kallatti ogummaafi hubannoo namoota kanneeniitiinidha.Qorannoo ishee keessatti Ayyaantuun , (2010:10) akka Harry Show waabbeeffachuun ibsitetti:

Haa ta'u malee , yaadni waliigalaa yookiin yaadrimeen hiika isaanii wal irraa hin fagaatu kanneen keessaa:

Characterization in literature is the presentation of attitudes and behavior of imaginary personal in order to make theme credible to the authors? Audience “ Harry Show.

(1905:27) Hiikni Kun kan daangeeffameedha. Sababni Isaas qooddachiisaan haala dhiyeessuu yaada amala namoota hojii ogbarruu keessatti kalaqa sammuutiin uumamanii qofaatti waan daangessuufidha. Kana ilaalchisuun dhimmi jiruu garuu enyummaa fi namummaa fakkaatti illee qoddachisuu jalatti hammatamuu isaati.kanaaf asoosama keessatti qooddatan yoo hirmaatu xinsammuu bifaan, miiraan, fedhiin hin beekamne yoo ta'e ogbarruun dhiyaate sun hanquu ta'a, dubbistoota birattis ifa ta'uu dhiisa. Sababni isaas hojiin aartii miidhagina, bifiyyeefi qabiyyee akkasumas,Erga bu'uurreffatee waan dhiyaatuuf ga'eessummaafi bilchina fakkaatti asoosama keessatti barreessaan uumeen agarsiifamee dhiyaachuu qaba.

Akka waligalatti qooddachisuun haala barreessaan ittiin amala biroo fi eenyummaa fakkaatti Keessatti dhiyeessuu waan ta'ef dhugaa qabeessummaa fi ilaalchaan ta'uu qaba. Kana irraa ka'uun fakkaatti uumuun ogbarruu gaarii dhiyeessuuf gumaacha olaana kan qabufi iddoo guddaan itti kennamuu kan qabuudha. Qooddachiisni wiirtuu hojii ogbarruuti Harry Show, (1905:71) yaada kana yoo ibsuu;

Without characterization no plot and no setting can develop genuine interest for a reader or cause him to care what happens or does not happen to whom and way" jedha.

Kana jechuun fakkaattoonni asoosama tokko keessatti dhiyaatan haala gaarii kan hin qooddachiifaman, seenaa fi ergaa asoosama sanaa waliin kan hin deemne yookiin kan wal hin simanne, midhagina gonfatanii haala dubbisaan hubachuun danda'uun kan hin hirmaachifnee fi gaheen isaan qaban haalli dhiyeenya ( style) isaanii kaayyoo fi falmii isaanii kan hin mulli'sne yoo ta'e fudhatama qabaachuu hin danda'u.

### 2.7.1. Akaakuuwwan Qooddattootaa

Asoosama tokko keessatti fakkaattonni uumaman seenaa asoosamichaatiifis ta'ee ergaa isaatiif gumaachuu qabu. Haala dhiyeenya, gahee taphataniifi yeroo turtii yookiin jijjiirama asoosamichaa keessatti agarsiisaan irratti hundaa'uun fakkaattoota iddoo gurguddaa lamatti qooduu dandeenya. Isaanis :fakkaattota /fakkaatti/ guddaa (major charactefi fakkaattiwwan xixiiqqaa (minor character) jedhamuun beekamu. Qooddataa guddaa kan yoo ibsan, Hallic fi Burnet (1975:1945) akka jedhanitti:

" Major character is person in a literary selection who is fully described as to be recognizable, understandable, and individually different from all others appearing in the same selection."

Akka yaada warraabbii kanatti qooddataa guddaan nama hojii asoosama kessatti guutuma guututtii mul'atu, fudhatama kan qabu. Kan ifaa fi ifatti dubbistiottatti agarsiisamee fi haala wal fakkaatuun qooddaattoota kanneen biroo irraa adda kan ta'eedha. Qooddataan Kun Qooddattoota xixiiqqoo irraa kan inni adda itti ta'u, qooddataan kun amala adda addaa agarsiisuu danda'a. Alaa fi manni isaa ( qaamni, dubbiin, keessi, amalli, bifti) isaa kallatti hedduun kan mul'atuudha.

Asoosamicha keessatti jalqabaa kaasee hanga xumuratti qooda kan fudhatuudha. Karaa gaariin qooddataan ittiin beekamu dandenyus haala amansiisuu danda'uun ajaa'ibsiifamee dhiyaachuufi dhiisuu isaatiinidha. Qooddataa guddaa kana bakka lamatti qooduun ilaaluu ni danda'ama.

isaanis goobaangaleessaafi qooddataa masanuudha.

The leading characters of dram, novel, or other literary work is a protagonist. He is always the principle and central character" Harry Show,( 1905: 75)

Qooddattaa ijoon qooddataa kan biroos onnachiisaa ta'ee kan sochoosuudha. Kanaaf fakkaattota jiran keessaa isa hangafaafi gidduu galeessadha. Qooddataa masaanuun immoo qooddataa guddaa asoosama ta'ee hojii faallaa goobaan galeessaa hojjeechuun kan mul'atuudha. Asoosama keessatti goobaangaleessi kaayyoo tokko qabatee fixaan baasuuf yoo tataafatu, gufuu itti ta'uu, shira xaxuun, hojii fallaa hojjetee walitti bu'iinsi fakkaattota gidduutti akka tarkaanfatu kan taasiisu fakkaatti masaanudha. Akaakuuwwan fakkaatti asoosamaa keessaa inni kan biraan

fakkaattota gargaartuu yookaan xixiqqoodha. Isaanis gaheen fudhataniifi bakka bu'iinsi isaan asoosama keessatti qaban murtaa'adha.

Qorannoo ishee keessatti Ayyaantuun (2010:13) akka Isuma wabbeeffachuun ibsitetti

*Flat or minor character is a minor partipant in a fiction, one who is characterized briefly by only one or two of these basic method of characterization "Isuma.(1905:13).*

Qooddataan Kun tooftawwaan qooddachiisuu jiran keessaa tokko yookiin lama qofaan kan hirmaachifamaniidha .Jalqaba seenaa asoosamichaatii hamma xumuraatti kan hirmaatan Osoo hin taane mul'atanii kan badaniidha.

Walitti dhufeenyi isaanii kan qooddattootni xixiqqoonisa guddaadhàaf gummaacha godhu.kanan jechuun, fakkaattoonni gargaartuun waa'ee qooddataa guddaa odeeffannoo kennuu kan Isaan ibsuu hin dandeenye adda durumaan ibsu.Harks irraa caaluun mi'eesuuf qooddachiifamu jechuun ni danda'ama. Ergaan Walii galaa seenaa asoosamichaa dabarsuu keessatti gaheen fakkaattoonni gargaartuun qaban baay'ee murasa.

Ergaan darbuu afaan qoddataaa keessaa kan bahuu yoo ta'e afaan qooddataa guddaafi qooddattoota gargaartuun yookiin xixiqqoo keessa hubatamuu danda' a.

### 2.7.2. Ulaagalee Fakkaattiin Asoosama Keessatti Ittiin Qooddachiifaman

Barreessaan tokkoo asoosama kan barreessuu yoo ta'e dursa qooddataa isaa uummachuu qaba.Qooddattootni kunneen immoo, asoosamicha keessatti gahee dhuunfaa isaanii qabatanii dhimma barbaadame galmaan ga'uu akka danda'aniif ulaagawwan ittiin qooddachiisan sun haala barbaachisafi quubsaa ta'een dubbistootatti akka mul'ataniif gargaara. Yaada kana qorannoo isaa keessatti Lataan( 2011:12) Walcutt ( 1966:19) yoo waabbeeffatu,

"It is obvious that, writers make their readers of the nature. Personality and traits of imaginary characters using different techniques such as direct expression portrayal through action and speech, through the analysis of one the character about the other through the techniques of stream of consciousness or through self analysis and etc" jedha.

Kanaafuu, fakkaattoota sammuu dubbisaa keessatti bifa fakkiin mul'achuu danda'anii fi sammuu isaanii keessatti baduu hin dandeenye, akkasumas, Miirafi xiyyeeffannoo dubbisaa hawwachuu akka danda'an uumuun dirqama barreessaati. Karaa amalaatiin yoo ilaalamu akka seenaan sun haqa fakkaatuun yookaan adduunyaa haqa mul'isuuf asoosama amala namummaa dhugaa fakkaatti sanaaf kennuun dhiyeessuutu irra jiraata.

### 2.7.3. Tooftaawwan Qooddattoota Ittin Bocan

Barreessitoonni qooddattoota isaanii wayita filataniifi uuman haalli filannoofi Qooddachiisaa isaan itti fayyadaman garaa garaa ta'uu danda'a. Qorannoo isaa keessatti Lataan( 2011:10) akka Wacutt waabeeffachuun ibsetti:

*" A writer may present his characters in two ways directly by telling the reader the personality of the characters and indirectly through action by which his character may be known through the characters actions is in escapable an important the present of conversation equally crucial Walcut, (1966-18).*

Kanaafuu, barreessitootni haala isaaniif mijaatuun kaayyoo koo galmaan gaha jedhanii kallatti yaadaniin fakkaattota hirmaachisuu danda'u. yaada kana irratti Harry Show (1905:75) yoo eeeru:

*"Writer uses any or all of several basic means of characterization Character is revealed by(1) his action (2) his speech (3) his thought(4) his physical appearance(5) what other characters say or think of him".*

Akka yaada warraabbii kanarraa ilaalutti mallattoon qooddachiisuu armaan olitti tarreeffaman barreessaan yeroo hedduu itti fayyadaman jedhanii kan dhiyaataniidha. kanaan alattis tooftaawwan dhuunfa barreesitootni ittiin fakkaattota uuman jiraachuu mala. Gochaa qooddachiisuu dalagawwan fakkaattin sun asoosama keessatti raawwataamu irratti hundaa'uun uumuudha. Bifaan yoo jennuu ammas, dhaabbii qaamaatiin qooddachiisuudha.

Haala dubbii deeddeebinsa fakkaattii asoosamicha keessatti taasisu irratti hundaa'uun yoo ta'u fakkaattoota kan biroo irraa ammoo haalli itti waa'ee qooddataa beekuu dandeenyu, ilaalcha fakkaattoonni biroon asoosamicha isaaf qaban irraa ka'uuniidha.kanaafuu, akka waliigalaatti fakkaattoota qooddachiisuu kallatti barreessaan faayyadamuun bifa, amala, yaada, ilaalcha fakkaatti dhiyeessuuf yookaan agarsiisuuf yaalii gochuun walqabata jechuudha.

### 2.8 Fudhatama Qabaachuu Qooddataa

Ulaagaalee qooddataa asoosama keessatti ittiin qooddachiifnu keessaa inni tokko fakkaatti sana fudhatama qabaate akka dhiyaatu taasisuudha. Kun immoo waa'ee dhimma/nama/ asoosama keessa jiruu sirrii ta'ee akka dhiyaatu taasisuu waliin walqabata.

“ *Fictional characters are no more separable from the post that contains them, and then we are from the events that make up our lives. Like as character in the literature have been formed by on then point in their lives affect what happens to them* (Isuma :25).

Barreessaan fakkaattota isaatiif gahee qoodee asoosama keessatti akka hirmaatan wayita taasisu fakkaattootni sun haala bakka galumsaafi gahee kennamuuf hundatti sichaudhatam qabaatanii dhiyaachuu qabu. Fudhatamni kun amala, namummaafi dhimma qooddataa waliin walqabata.

Kanaafuu waa'een fudhatama qabaachuu qooddataa kan amanamummaa fi fulla'insa qabaachuuu dhima fakkaatti jechuun iddoo gurguddaa lamatti garaagara baasanii ilaaluun ni danda'ama.

### 2.8 .1 Amanamummaa

Fakkaattiin amala mataa isaa kan ta'een beekamuu yoo danda'efi namuummaa fi eenyummaa isaa kan beekamu yoo ta'e amanamummaa qabata.Adeemsa keessa bakkafi jijjiirama yeroo waliin walqabatee fakkaattin jijjiirama yookaan dhaabbata, akkasumas amalli isaa kan hin beekamne ta'uu danda'a. Haalli kun hanga xumuraatti mul'achuu dhiisuu danda'a.Amalli garuu daa'immummaa kaaseee hamma ga'essummaatti carraa mul'achuu ni qaba.

Kanaafuu, amalli fakkaatti sanaa haala jiruun kan itti fufu yoo ta'e qooddachiisni  sun fudhatama qaba jechuu dandeenya. Qooddattootni gaheefi galma mataa isaanii kan qaban, sochuufi yaadni isaanii eenyummaa isaa irra kan madduu bakka bu'oota yeroofi naannoo isaaniitti haala namootni yookiin dubbistoonni amananii fudhataniin amala namoota dhugaa addunyaa kana irraa gonfatanii amansiisuun dhiyaachuu qaba.

### 2.8.2 Fulla'uu

Fakkaattiin jalqabaa hanga xumura seenaa asoosamaatti kaayyoofi dhimma qabatee fudhatee socho'uun kan fulla'u ta'uu qaba.

Dhimmi isaa kan fiixaan bahe agarsiifamu ta'uun irraa eegama. Kana yoo ta'e asoosamni sun gaarii ta'a. Fakkaattiin asoosamichaas fudhatama  argata. Akkasumas, haala sirriidhaan qooddachiifameera jechuu nu danddeessisa. Kana jechuun, amala jalqaba seenaa asoosamaa irratti gonfatee dhiyaate, fakkeenyaf gowwaa  yoo ta'e hanga xumuraatti jijjiirama amalaa osoo hin agarsiisiin dirqama gowwummaa isaatiin xumuruu qaba jechuu miti. Sababni isaas namootni yaada gaarii uumaman kuunneen  akkuma namoota addunyaa dhugaa irraa jiranii bu'aa bayii jireenya hedduu dabarsuun amala jijiirataaf jireenyaa Aaraatti madaqa waan dhufaniidha. Kanaaf qooddataa ka'umsa isaa xumuraan ga'uuf kan tattaafatu, dhimmi isaa kan fulla'uu yoo ta'ee fudhatama qabaata jechuudha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

## 3.1 Saxaxa Qorannoo

Kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan gahuuf malli qorannoo barbaachisaadha.Yeroo ammaa asoosmni afaan oromootiin barreeffamanii jiran lakkoofsa hedduudha.Qorattunis asoosama jiran keessaa Ilillii Ededarraa xiinxalteetti.Gosa qorannoo akkamtaatti dhimma baatee qorannichaa geggeessite.Sababni isaas oddeeffannoo kitabicharraa xiinxalamee kun jechaan ibsamee waan ta`eefidha.Yaada kana kan walqabatu Addunyaa(2011:63)yemmuu ibsu; “ Qorannoo tokko haala ibsu irratti xiyyeeffata yoo ta`ee saxaxi isaa ibsaadha.Kan ibsamus odeeffannoo jechaan argaman irratti hudaa`ee yoo ta`ee saxaxni isaa akkamtaa jedhama.” Yaada kanarraa wanti hubatamu;saxaxa qorannoo tokkoo murteessuuf wanti ta`uu qabuu odeeffannoon maaliin ta`a isa jedhurraa dhaabbannee gosa qorannoo koo murteeffachuu akka danda`uu nati hima.

Qorannoon akkamtaa gaaffiiiwwwa maalifi,akkamitti jedhaniif deebisuuf carraaqa.Gosa qorannoon kanaa dhimoota qorannicha keessatti dhiyaatan Mara jechaan ibsa.Qorattuunis haala mala qooddattooaqooddattoota irratti qorannoo geggeessuu kan xiinxalateedha.Akka yaada ddunya(2011:11)ibsanitti,Meeshaaleen odeeffannoo akkamtaa kan ittiin fuunaanamu sakkatta`iinsa barruu xiiyyeeffata.Akka Addunya(2011:63) ibsanitti;Qorannoon seenaa tokko adeemsa yeroofi bakka keessatti taateewwan seenaa garaagaraa kaasuun qabataafi bu`aan walittti hidhee yoo dhiyeesse,saxaxxi isaas dorgomsiisaa seenawaa (historical and comparative design) ta`uu danda`a.walumagalatti saxaxni Qorannoon tokko kan murteessuu gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu.kaayyoo isaa akaakuuwwan odeeffannoo argamuuti jechuun nidanda`ama.

## 3.2 Madda Ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuuf maddoonni ragaalee tokkooffaafi lammaffaa dhimma irraa oolaniru.Akkaataa madda ragaa tokkoffaatti kan qorattuun fudhatte kitaaba asoosama dheeraa Ilillii Ededarraa hin idea.Akka ragas lammaffaatti immoo sakatta'a barruuti.

## 3.3 Iddatto qorannicha

Malli iddattoo qorattuu kun dhimma itti baate mala miti carraa keessa yoo ta`uu, kitaabota asoosama jiran keessa kitaaba asoosama dheeraa Ilillii Ededarraa jedhu filachuun qorattuu qorannnoo ishee geggeessite jirti.

Akka Addunya (2011:65)ibsanitti iddatto filachuun tooftaalee garaagaraatiin geggeeffama carrraan(probability),mit-carraafi non Spiro inability) lamaanuu (mixed ta`uu danda`a.Haallan iddatton itti filatamu kunneen adeemsa mata isaanii qabu.kanaafuu anis Qorannoon Koo mitcarraatti fayyadamee xiinxaleera.

### 3.4 Meeshaalee Fuunaansa Ragaalee

Anis qorannoo kanaa ragaa barbaachisaa ta`ee argachuuf meeshaan fuunaansa ragaa keessaa sakatta`a dookumentiitifi sakatta`a dookumenti kanaas kitaaba asoosama dheeraa Ilillii Ededarraa gadi fageenyaan xiinxaluu qorannoo namoota adda addaa caaccuulee asoosama irratti geggeeffaman wa bira qabuudhaan kan sakatta`ameedha.

Akkasumas Qorannoon tokko geeggeessuuf ragaan fuunaanamuu qaba.odeeffannoo lakkoofsaan ibsamaniifi jechaan ibsamaniifi meeshaan isaanitti funaanaman garaagara jedhu.Kanaafuu anis Qorannoon Koo meeshaa fuunansaa rafaa jira keessa akkamtaatti dhimma ba`ee qorannoon xiinxaleen jira.

### 3.5 Mala Xiinxala Ragaa

Qorattuun qorannoon kana kan geggeessite.male sakatta`a dookumentti dhimma bahuunidhaa.Kunis asoosama Ilillii Ededarraa kan xiinxaluu gadi fageenyaan sakatta`uun yaada Qorannoon kana waliin walqabatee barruuleefi kitaabilee garagaraa yaada hayyootaan deeggaraman sakatta`a kitaabilee maalummaa asoosamaa,gosoota asoosama adda baasuudha.Akkuma odeeffannoo fuunaanamuu ragaan hiikuunis haala gaariidhaan geggeeffamuun barbaachisaadha.

Kanaafuu mala xiinxala rafaa kootti tagaalee kitaabicha keessa funaanaman addeessuutiin hojiirraa kan ooledha.Akka Addunya (2019:71)ibsanitti xiinxalli ragaalee akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheeffachuu irraa deddeebi`anii dubbisuun isaa barruu qoqqoodduu ibsuufi hikuun adeemsa qorattuun tokko hordofuu qabu keessa warra muraasa.Funaansa ragaalee kanaatiif mallee garaagaaraan keessa muraasni xiinxala dokimentifi sakatta`aa barruu irratti kan geggeeffamedha.Qorannoo geggeeffamu kana keessatti akkaataa qooddattootafi haala qooddattoonni raawwachuu danda`aniin qabiyyee kitaabichaa irratti hundaa`ee anis Qorannoon Koo xiinxaleen jira.

# BOQONNAA AFUR: DHIYYEESSAA QAACCEESSAA RAAGALEE

## 4.1 Seenaa Asoosama Dheeraa Ilillii Ededarraa Gabaabinaan

Asoosamni ilillii Ededarraa seenaa sirna mootummaa abbaa irree yookaan Dargiin ummata oromoo irraa ture kan seenessudha.Ilmi dhiira dookumboonnummaa isaa dhabee dirree abiddaa irrattti aarsaa isaan kaffalan hundumtuu dhaloota har' aatiin kan hin dagatamnedha.Bara sana diddaa fincila garbummaa abbaa irree,bara abbaan warraa haadha warraa wallaale,bara haati ilmoo baqatte,bara reeffi dhala namaa bakka argetti gatamaa ture ,bara mootummaa Dargii.Bara lubbuun dhala namaa hamma lubbuu ilbiisaatti hin lakkaa' amne,bara jireenyi akka muka qottoo ta' ee ofitti deebi' ee of mure kan ibsudha. Inni beekaan iyyuu afaan qabateeti xiqqaafi guddaan afaan qabachiisaa jira. Daa' imni ol adeeman abdii akka inni guddateefi dhiisutu wallaalame.Waraana Dargii abbaa fi haati Ilma tokkicha duukaaa otoo boo' anii gara dirqiitti fiduudhaan jaalala maatii fi ilmoo adda baaseera.

Bariisaan deemsa dirqii bishaan irra gara abiddaatti itti fufe. Tokkichi mucaa haadhaafi abbaa qananiifi Jiituun ilma isaanii duubayyuu akka hin deemnes dhorkamanii manatti deebi' uun boo' uu eegalan.Bariisaan osoo gammachuun meeqa balbala onnee isaa rukutuu guyyaatti badduun itti dhufte.Ji' a fulbaaanaa kibxata bara 1983 sa' aatii booda hoggantoonni Dargii muraasni namoota qulqulluu baay' inaan lakkawaman dirqiiidhaan qabanii gara gidduu gala leenjii yeroo sanaa Wallagga Bahaa aanaa Diggaa keessatti argamugiduu gala leenjii dhidheessa xoorseetti ofuuf konkolaataa isaanitti naqanii deemsa eegalan.

## 4.2 Haala Qooddachiisa Qooddattootaa

**Qooddattoonni hojii ogbarruu keessatti qooddaachifaman marti haala yookaan mala** Irrattii hunda' anii qooddachiifama,akkasumas kaayyoofi tooftaa ittin hirmaata qabu.Asoosama Ilillii ededarraa keessatti haalli yookaan maalli barreeaan qooddattoota ittin hirmaachise hangam akka walsimatu akka armaan gaditti bal' ina xiinxalameera.

### 4.2.1 Qooddachiisa Ilma Tokkichaa

**A. Bariisaa Qananii**

Haadhafi ilmoo gidduu walitti dhufeenyi uumamaa jiru baay' ee cimaadha. Ilmoon waan hundaa caala Jaalalaa haadhaf kabaja guddaa qabdi. Haati dirqama haadhummaa irra darbuun dhala isheetiif waan baay' ee qabdi,ni mararfatti,akkasumas bakka guddaa kennitiif. Asoosama kana keessatti Bariisaan akka ilma tokkichaatti maal gochuufi ilaalcha akkamii hawaasa keesssatti qabu dhugaa hawaasa sanaafi sona aadaa hawaasumma (social cultural value) jiru calaqqisiiseera. Itti dabaluunis,ilmi hangam itti toleessi,itti badeessi dhukkubsattuu yoo taateefi qaama hir' uu yoo taate illee haadha isheetti kan garaa hin jabaannefi dabarsitee hin kennine ta' uu isaa yeroo nutti ibsitu jira. *Bariisaan ofduuba mil' atee haadha isaatiin " Harmee… Ab..a.a…boo.." jedhee huhudhamaa harmee isaatti jecha dhumaa dubate.Jiituun itti fuftee "…A…ba..aboo*

*keetiin osoo wal hin argiin dee….ee..mte..kaa..aa”* jechaa fuula ishee imimmaaniin coobsite sagalee ishee laaga suuta adda ciccitee afaan ishee keessaa bahu sanaan jechaa dhumaa isheetiif dhaamte. Bariisaan deemsa dirqii bishaan irraa gara abiddaatti itti fufee.Tokkichi mucaa haadhaa fi Abbaa.(F.27)

Dhimmi Bariisaa kaayyoo godhattee asoosama kana keessatti akka fakkaattii qooda ilma tokkichaa fudhattee qoddaa hiikamee fulla’ insa qaba jechuun ni danda’ ama. Sababiin isaas jalqaba irratti barreessaan wantoota kana hundaaa xiyyeeffannoo keessa galchuun Bariisaan itti gaafatamummaa fudhachuun fi akkasumaas dirqama ilmi tokko ba’ uu qabu fudhachuun kan argamedha. Kana malees seena kana keessatti Barriisaaan dhimmoota hedduu dabarsufi raawwachuun sabseeneessa asoosamichaatiif gumaaacha hedduu taasise. Hojiiwwwan isaa kunis addunyaa dhugaa kana keessatti kan argamudha. Kunis rakkoowwan adda adda gaafa isa muudatu haati aarsawwaan adda addaa taasisuu akka dandeessu gochuun barreessaan qooddattuu kana uumuu danda’ eera.

**B. Harmee Bariisaa**

Asoosama kana keessatti bakka bu’ ummaa haadha fudhachuun fakkaattiin qooddachiifamtee Jiituu Hawweeraati. Fakkaattiin kun fakkaattota xixxiqqoo keessa tokko yoo taatu barreessaan qooddachiisa ishee irratti hedduu hin xiyyeeffanne.fakkaattiin kun yeroo muraasa qofaaf mul’ attee kan baatedha.Ga’ een taphattes sabseenessa asoosamicha keessatti murtaa’ adha. Turtii taasifte keessatti amala hadhummaa calaqqissifteetti. Inni dubbii taasisuun yoo mul’ atu barreessanis ishee kallattii haadhummaan itti fayyadameera.

*‘‘…Barii koo………Barii koo bar abdiin kiyya….uuuuffffffffffffffff ..hawwiin kee* ” jette ol utaalee morma ishee,maddii ishee,adda ishee gadhiisee immoo harka ishee dhungachaa harmee isaa ilaalaa akkana jedhe “ *harmee har’ a waa malee miti keessi koo guyyaa guutuu na gammadaa oolee amma immoo atis yoon si arguu galaana gammachuu waliin danbali’ aa jirta*” as keessatti eenyummaa fakkaatti kanaa haala bal’ ina hin seeneffamne. Dubbiin taasisuus maal akka fakkaatufi amala maal akka qabu guutummaa guutuutti hubachuun hin danda’ amu.

Kanaafuu fudhatamummaanfi xinsammuun mul’ ifamuun fakkaattii kana dubbistootaaf ifa miti. Kana jechuun barreessaan fakkaatti kan uumu irratti hanqina qaba jechuudha. Ta’ us qooddattuun amala haadhummaafi akka haadha warratti qooddachiifamuun dhiyyaachuu dandeesseeti.kunis haati tokko maatii keessatii ilmoofi abbaa warraa ishe jaalala akkamii akka qabachuu dandeessu kan nu hubachiisudha. Qooddachiisa haadhummma waliin wal qabatee asoosama keesssatti qooddachiifamuun ga’ ee olaaanaa yoo taphatan nimula’ ata. Dubartummmaniifi haadhummaan isaanii yaadrimeedhaan tokko yoo ta’ an illee haalli qooddachiisa isaanii garaa gara ta’ uu mala. Qooddattoota itti aanaanii asoosama kana keessa jiranis hedduu yoo ta’ an haala armaan gadiitiin dhiyyaatanii xinxalamanii jiru.

**C. Obbo Araarsoo**

Eenyummaafi amala fakkkaatti kanaa barreessaan kallatti sirriitiin ibsuu baatuus,obboo araarsoo nama gargaaruutti duubatti kan hin deebinedha.jecha itttiin beekamu tokko yoo ibsu " *ilma koo ani si dhaluu baadhus ati mucaa koo baay' ee jaalladhudha "* *jedhee jaarsi deemi garuu,deebi' ii na gaafadhu jechuun mararteedhaan itti dubbate*.(F-70) Eenyummaafi amala obbo araarso seeneffama kanaan wal qabsiisee fakkaattiin kun seena asoosamichaa keessatti haala ibseeen hawwaasa keessa jirtuun beekamtuu fi fudhatama kan qabudha. Akka walii galaaatti qooddachiisa jaarsummaa yookaan dullummaa ilaalchisee dhimmi qoodddatttooni ga' ee kana fudhachuun asoosama filatame keessatti hirataniiftooftaawwan barreessan fayyadamuun qooddachisa cimaa kan qabudha.

Qooddattoonni dhiyyaatan kanneen armaan olitti akka fakkeenyaatti fudhatamaniifi kan biroon haala ga' ee isaaniif kennname qooddachisa irratti hundaa' uun jiruufi jireeenya, ilaalcha yaada,xiinsammuu gochaafi kan kana fakkaatan. Kanaafuu barreessaan gochaafi dubbii akkasumas,dandeetti amala qooddattoota jaarsoolii qoodddachiisee seenaa asoosamichaa keessatti hiikaa argachuuniifi qabatamaa ta' ee hawaasa qooddattooni sun bakka bu' aniif dubbistoota biratti haala dhugaa qabeessummaa of keessaa qabuufi fudhatamummaa qabuun qabatamaa taasiseee gara waliin ergaa asoosamichaa haala galama ga' uu danda' uun qooddachiisuu danda' eera.

### 4.2.2 Qooddachiisa Daa�imummaa

Daa' ima jechi jedhu umrii walii gala qabata.sadarkaan umrii kunis bakkaa bakkatti garaa gara ta' uu danda' a.Umriiitti dabalees daa' imummaan bilchina yaadaa ilaallachuu akka danda' u yaadonni ni jiru.Asoosama keesssatti daa' ima qooddachiisuun yeroo kan mul' atu yoo ta' e iyyuu,daa' imummaan walqabatee amalli,gochi,sadarkaan yaada,dandeettiifi ilaalchi daa' ima qooddachiifamuu xiyyeefffannoo argachuun barbaachisaadha. Sababni isaas barreessaan wantoota armaan oliirratti xiyyeeffachuun qooddatttota hawaasaa keessatti fudhatama qabaachuufi dhugaa hawaasa waliin walsimsiisee dhiyyeessuu kan danda' u yoo ta' e dhimmi asoosama isaa qabatamaa ta' a jechuudha.

Ilillii Ededarraa keessatti barreessaan kallattiin daa' ima hirmaachisee osoo hin taane sadarkaa guddinaa fakkaatti isaanii walqabsiisee haala hojiifi amala isaa nuuf seeenessuuf daa' imummaa isaa kaa' uun kan qooddachiisedha.Haala kanaan qooddattuun hirmaattee habaaboodha. Barreessaan daa' imummaa ishee yoo nuu ibsu, " *Abaaboon reefuu miillaan dhaabbachuu eegalaa jirti.afaan isheetiinis reefuu hiikamaa waan jiruuf ..abbaa …aabbaa…baabba… jechuu eegaltee jircharacterizati*

Akka qooddachiisaaa barreeessaa kanaatti daa' imni kun dhugaa hawwaasa keessa jiruun kan jiru ta' ee garuu,daaimni kun afaan hiikkachuu ishee maaliif akka ta' efi sababa maaliif baabba jettu baratee wanti ibsame tokkoyyuu hin jiru.Kuni immoo barreessan qooddachiisaa kana

haalaan itti fayyadamuu dhabuu isaa agarsiisa. Dabalataaniis hojii isaa kamtu daa’ imummaa isaa akeekee mul’ suu dhabuun isaa ,akkasumas kalaqni kun itti yaadamuu dhabuu isaa agarsiisa.Qooddachiisni daa’ ima kanaa asoosama kana keessatti kallatii adda addaatiin yoo ta’ udursa irratti barreessan eenyummaa qooddattoota kana yoo ibsu, “ abba ishee obbo…Qananii Oljirraa fi haadha ishee Hawweeraa irraa godina baalee naannawwa magaaala roobeetti dhiyyaate aanaa sinaanatti kan dhalattedha.” As keeessatti qooddattuun kun maatii akkamii irraa akka dhalatteefi bakki jireenya ishee afaan seeneessaa irraa hubatama. Kun immmoo dhugaa hawaasa keessa jiruu qabatamaa taasisuufi barreesssaan kun qooddattoota isaa haalaan itti fayyadamuu agarsiisa. Kunis qooddattuun kun qabatamaan hawaasa keessa akka jiraattu ishee taasisa. Gama bilchina yaadaatiin yoo ilaallu immoo Abaaboon yaanni ishee kan da’ imuummati jedhame yaadama. Kana jechuun dandeettii da’ ima sanaan yoo walqabatees bilchinni yaadaa isheen qabdu sadarkaan ishee umrii da’ imuumma kanaan ilaalamuu ni danada’ a. kallattii kanaan dhugaa hawaasa keessa jiru irratti hundaa’ uun “ *Abaaboon daa’ ima jedhamtee kan fudhatamtuu dubbi ishee irra yoo ta’ u “ …abba..bba…baabba…” jechuun yaaltee jirti*” (F.120) sadarkaa kanatti qooddattuun kun waa’ ee yaaduun dhiphisuu dhiisuun ishee daa’ imumma qooddattuu kanaa agarsiisa. Umrii daa’ imummaa yaadufi dhiphachuun akka hinjirre beekamaadha.barreessaanis dhugaa jiru bu’ uureffatee haala kanan qoodddattuu isaa hirmaachisuu yaaleera. Yaadaafi dubbii yookaan hojii isaarraa ka’ uun qooddattuun kun daa’ ima ta’ uu ishee barreessaadhaan deddeebisaa hojii isaa keessatti uumamuun yookaan ta’ uun irraa ni hubatama.

#### 4.2.3 Qoodddattoota Gargaartuu Xixiqqoo Asoosamichaa

Asoosama tokko keessatti barreessaan yoo kan asoosama qooddattoota hirmaachisuu danda’ u keessaa qooddatttoonni kuniin ga’ ee mataa isaaniin beekamoo yoo ta’ an asoosama Ilillii Ederraa keesssatti qooddattoonni kun ga’ ee muraasa qabachuun seenaa asoosamichaa hanga tokko fuulduratti tarkaanfachiisani sabseennni asoosamichaa akka cimuu goobaan galeeessaa biraan hiriiruun yeroo murta’ eef socho’ uun kan badan yookaan hafan ni jiru.qooddattoonni kunis asoosama kana keessatti baayi’ inaan qooddachiifamaniiru jechuun nidanda’ ama. Isaanis Obbo Araarsoo,Ilillii Guutamaa,Abaaboo Qananii,Haadha manaa obbo Araarsoo,Ilillii Hawweeraa,Baqqaluu kaasaa, Guutamaa Sooreessaa,Welde Gebri’ eel Tegenuu,Dilgaa Gurmuu fikkf dha. Qooddatttoota gargaartuu keessaa harki caalaan isaanii tooftaa qooddachisaa gocha raawwwataniin beeksisuu,kallattii asoosamaatiin dhiyaatan. Fakkeenyaaf obbo Qananii Oljirraa haala itti aanuun qooddachiifame.

Obbo qananiin ogeessa saanqaa balbalaa walitti galchuu danda’ udha. Hojii mana ijaarsaas hangas mara ta’ uu baatuus garuu nidanda’ a. ‘*obbo Qananiin dura lafa bal’ aa yoo qabaateyyuu garuu mootummaa Dargii kootaa seeraan kaffalaa hin jirtu jechuudhaan hunda irraa fudhatee nama birootiif kennee ture.* (F 75)

Qooddataan kuneenyummaa isaa asoosaadha nutty himama. Gochi inni raawwatus akkasuma. Qooddattuun itti aantuun Jiituu Hawweeraati. “ Jiituun furinni ishee giddu galeessa,dheertuu,magaala bareedduu, rifeensa yeroo hundaa gaggabaabsitee filtee kan deemtu ga’ eetti waggaa 35 turte. Barsiisaan mucaa ishee tokkicha ture.” Fuula (32)

Qooddatttuun kun asoosama kana keessatti akka armaan oliitti qooddachiifamtee jirti.Ga’ een ishee hanganatti kan ibsame miti. Qooddattoonii garagaartuu biroos haaluma walfakkkaatuun kan hirmaatanidha.walumaa galattii akaakuuwwan qooddachiistoota kan armaan olitti eeraman yoo ta’ u, barreeessan haala qooddachiisa isaanii hanga tokko walfakkeesuun waan dhiyyeessef gargar baasuun rakkisaadha. Gosootaa qooddattoota jiran hunda beeksisuu irratti barreessaan asoosamaa walmadaalchisu haa dhiisuyyuuu malee yaalii godheera.itti dabaluunis asoosama kana keessatti barbaachisummma isaanii amansiisaa osoo hinta’ iin qooddattoonni hirmacchifaman nijiru. Gama kanaan immmoo asoosamichi xiyyeeeffannnoofi qalbii namaa hawwachuu isaatti dhiibbaan dhufuu danda’ a.

### 4.3 Mala Qooddachiisuu Kallattii Hawaasummaan

Hawaasummaan dhimmoota adda adda of keeessaa qaba.kunis gadda,gammachuu,walgargaarsa ollummma, gandummaa,fi kkf qabaachuu danda’ a. asoosama kana keessatti namoonni dhima kana keessatti argaman keesssaa muraasni akka armaan gadiitti xinxalamanii jiru. “ *Bariisaan garaa laafeessa,qal’ aa magaala,sinboon isaa kan nama hawwatu,yoo seequ ilkaan isaa walirra kortee jirtu maddiidhaan waan mul’ attuuf ijji namaa gara ilkaan isaatti nama fiigdi*.” *Namoonni hundi gaarummaa isaa ilaalanii jaalatu. Daa’ imummaadhaa qabee hawaasa keessatti nama fudhatama qabudha*.fuula(22) barreeffama armaan oliirraa wanti hubatamu qooddataan kun namoota dhugaa hawaasa keessa jiran adda addaa waliin taasisu. Akkasumas hawaasaa keessatti namni tokko jaalala akkamii akka qabufi miirri naman sanaa adda adda gochuun qooddachiifame.

Bariisaan amala ilmi tokkicha qabaate,ga’ ee isaa jaalala haadha fi abbaa isaaf qabu ni mul’ ifama. Kana maleeessa barreessaa qooddata kana amala ilmi tokkichi kenneef ergaa isaa itti dabarfachuu daanda’ eera kun immoo kan agarsiisu barreessaan tokko amalaafi ga’ ee qooddataa ittiin mul’ atu gonfachiisee ibse. Bariisaa irra rakkoon ga’ e kun nama dhugaa hawaasa yookaan addunyaa kanarraa jiru fakkaatee mul’ ate. Kanaaf barreessaan asoosama kanaa kan bariisaan maatii isaa irraa adda baasuun fakkeessee uume. “ *…Ililliin diimtuu akka Abaaboo,qal’ oo mudhiin soosnsa,rifeensi ishee yeroo hunda adda adda dhahamee mataa isheerraa gargar bittimu daraan nama hawwata. ni bareeddiin,ishee hin ibsu waanuma uuman ishee tottolchuuf yeroo guddaa fudhate uume namatti fakkaata.”* Fuula(94)

- ❖ Yaada waraabbii armaan olii irraa qooddattuun qooddachiifamte yoo ilaalluu qooddattuu kun namoota hawaasa keessa jiraniin walfakkeefamuun kan qooddachiiftameedha. Sababni isaas namoonni addunyaa dhugaa kana irratti karaa adda addaafi haala garaa garaan kan fakkeefamudha. Akkuma kana asoosama kana keessatti qooddattuun uumamte kun amala

garaa garaan waliif taasisuu kun immmoo har' allee dhugaa hawaasa keessa jirudha. Barreesssan yookaan asooma kun asoosamicha yemmuu uumu haala qooddachiisuu gama nama wal jaallatu,hiriyyoota,ho' uu haadha manaaf abbaa manaa,obbolaan barsiisaa godhee uumuun isaa kun haala qooddachiisuu haalaan fayyadamee jechuu nidandeenya. Kun immoo cimina barreessaa kana kan ibsudha. *"…bariisaan sagalee ol fuudhee qe' ee isaaniitii "…Ilillii..ili…Ilillii eessa jirta" jedhee hanga mangaagaan isaa sochoo' utti iyyee booye*" Fuula(102)

*"…Bariisaa fi ililliin erga walitti galanii ji' oota lama lakkoofsiseera" (F109)*

Barreessaan qooddattoota Bariisaa fi Ilillii hiriyyaa taasisuun akkasumas haadha manaa fi abbaa manaa ta' uun isaanii kan mul' atudha. Kana jechuunis qooddataa akka namoota addunyaa dhugaa irra jiran maaliif akka dhaabbatan hubanna. Kana waan ta' eef qooddataan kun nama addunyaa asoosamaa keessatti argaman namoota hawaasa keessa jiraniin wal fakkaatu jechuudha.kun immoo haalli qooddachiisa isaanii kun namoota addunyaa dhugaa keessa jiraataniin wal fakkaachuu isaa agarsiisa.

### 4.4 Mala Qooddachiisa Kallattii Xiinsammuu mul�atan

Barreessaan asoosama kana keessatti kallattii adda addaatiin kan mula' atanidha. Isaan kana agarsiisuuf asoosamni kallattiin waa' ee dhimma xiinsammmuu irrattti Bariisaa yoo ibsu.

" *…Imiimmaan haadha ishee ka' umsa rabsituu marsaa dhagaa onnee keessaa madditee akka galoo galaanaatti fuula Jiituu irra dhangala' uu eegalte. Imimmaan jaaalala kan haadha ishee daandii tarkaanfii jireenya mucaa ishee irratti roobdu sana. Imimmaan jaalalaa uumama xurrree jireenyaa mucaa ishee irraa xurii dhiquuf dhangalaatu sana. Ija ishee lamaan keessa dabaree dabareedhaan qarruun taliilli sun walcinaa tarrooftee maddi ishe irraa morma jalatti konkolaatti*." F(44-45) kunis qooddattoonni kun jireenya hawaasummaa waliin jiraatan keessaa gadda,ta' e gammachuu akka danda' an gochuu ibseera.kunis qooddattoonni asoosama kanaa keessatti argaman walfakkeessuun dhugaa jiruufi jireenya hawaasa keessa jiru mul' isa.kana malees maatii tokko keessatti waan qabataman hawaasa keessa jiru mul' isuun ibseera. Jiruufi jireenya isaa keessatti namni yaadddoofi bu' aa ba' ii addaa dabarsuun beekamaadha. Barreeessanis akka armaan gadiitti yoo ibsu.

*Bariisaan garaan raafamee waa' ee harmee isaa adda jalaa cite irrra deebi' ee dhaga' uuf…" har….mee …n koo…harmeen koo maa.. maal taateeeeeee….*?" Fuula (77).qooddachiisni kun kan ibsu bariisaan maatii isaa irraa adda ba' ee adda waraanaa deemu isaa akka ture ibsa.kuni immoo jireenya isaa har' atiif yaaddoo itti uumeera.dabalataaniis kanaan dura faana akka jiru hubatee akka kanaan duraa dirree waraanaa keessaatti gidiirfamuuf dhiphachuu irraa gara isaaf danda' ameen jalaa ba' uu akka mul' atu ta' eera. Haalli qooddachiisa barreessaa kanas namaoota dhugaa addunyaa kana irra jiran fakkeessuun uumee ittifayyadamuu isaa dhugummaa akka qabaatu isa yaaddoofi dhiphina waan uumuuf Bariisaan

dhiphachuun isaa qaama kan biro immoo gidirsaa godhuu iittifayyadameera. Dabalataniis lammaffaa kallattii adda addaan qabamee iddoo jireenya isaa duratti deebi’ uu akka qabu godhee qooddachiisa isaa keessatti haalaan fayyadameera.

## 4.5 Qaacceessa Qooddachiisa Xixiqqoo Kallattii Kalaqaatiin

- Barreessaan tokkoo qooddattoota yoo qooddachiisu yookaan uumu ilaalcha ilma namaatiif qabufi beekumsa dimshaashaan qabu irraa ka’ ee bifafi amalaan namoota dhugaa addunyaa keessa jiraatan kan ofbeekuu bu’ uura taasifata. Isaan keessaa muraasni akka armaan gadiitti xiinxalameera.

- *Ililliin kan dhalattee aanaa kiyyuu ganda kooyyee akaalee keessattidha. Iliilliin diimtuu akka Abaaboo,qal’ oo mudhiin soonsaa,rifeensi ishee yeroo hunda adda adda dhahamee gargar bittinamu daraan nama hawwata. nibareeddiin ishee hinibsu waanuma uumaan ishee tottolchuuf yeroo guddaa fudhatee ishee uume fakkaata. Dhaabbanni ishee lookoo shimalaa fakkaatti qarri guntuta ishee suuta bahaa jiraan reefu hanga loomii gaggahaa waan jiraniif daraan nama hawwata.*” Fuula(93-94)

- Barreessan asoosama kanaa qooddachisa yeroo kalaqu dhalataa magaalaa yookaan baadiyaa gochuutii akka ta’ e hubanna.kana malees barreessaan kun ililliin maal akka fakkaattuufi miira isheen agarsiiftu kan nama hawwatu gochuun uumu isaa agarsiisa. Dabalataaniis guutummaan qaama ishee maal akka fakkaatu ifa taasisuun dhuguma qooddachiisa kana ibsa. Kun kana garsiisu barreessaan asoosama tokkoo haala qooddachiisuu yeroo kalaqu yookaan uumu namoota dhugummaa hawaasa keessa jirun qooddachisaa kana uumu danda’ eera. Barreessan kun akkanatti uumuun isaa miidhagina asoosamichaaf gumaacha olaanaa akka taasisuu isa gargaareera.

- *soorreessaan abbaan ishee dhalootuma miilla tokkoon paralaayizdii ta’ ee waan ta’ eef haalaan hojjetachuu hindanda’ u* ” Fuula(95)

- Asoosama haala kanaan yoo qooddachiisu ga’ ee hojiifi fayyummaa walqabsiisee akka inni kalaqe nutty agarsiisa. Barreessaan kunis qananii ogeessa mana muka akka hojjetu taasisee kalaqe.kunimmoo hojii namoonni hawaasa keessatti hojjechuu danda’ u akka hojjetu mul’ isa. Kana jechuun barreessaan kun addunyaa dhugaa keessa jiraniin walfakkeessuun kalaquu danda’ eera.kuni immoo barreessaan kun qooddachiisa keessatti bifa sirrii fi fudhatama qabuun qooddachiisuu isa agrarsiisa. Haala kanaan barreessaan kun asoosama kana keessatti kallattii kalaqni miidhagina gonfachiisuun dhiyyeessuu danda’ eera.

### 4.6 Qooddachiisaa Jaalala Dargaggeeyyii(Jaalleewwanii)

Asoosamni ilillii ededarraa jaalala bu’ uura godhachuun ergaa siyaasaa,dinagdee,hawaasummaa fi kankana fakkaatan dabarsa . Addunyaa jaalala asoosama kana keessatti uumamuun barreessaan erga dabarfachuu barbaadee kallattiifi alkallattiin qooddattoota dhimma kana waliin socho’ an

kalaquun hirmaachiseera.haala kanaan jaalalleewwan hirmaatan gabaabinaan Bariisaafi Ilillii akka armaan gadiitti dhiyaataniiru. Qooddachiisni jaalalleewwan kanneenii asoosama kana keessatti kallattii adda addaatiin yoo ta' u jalqaba irratti Bariisaa waa' ee ishee yeroo dubbatu yoo ibsu

> *" …Bariisaan yeroo hundaa jecha abdii tokko dubbatee adda ishee irra dhungata. Eelli garaa isaa keessaa yoo isheerra adda bahe amma ammas gubaa yoo itti ta' eyyuu ishee bira yeroo ga' u yeroodhaaf waantoota hunda irraanfata." Fuula*(110-111)

As keessatti jaalalleewwan kuniin duubeen isaanii fi haalli jaalalaa isaanii kan dabarsan bifa mil' uu(flash back)tiin mul' ata . Kunis tooftaa barreessan waliinsoo fayyadamuun dhimma mala qooddachiisuu isa itti beeksisedha. Kana irraa ka' uun qooddachiisni qooddattoota kana asoosamicha keessatti maal akka fakkaatuufi dhimmoonni isaan qabatanii ka' an hawaasa biratti fudhatamummaa qabaachuufi dhugaa kan calaqqisiisu ta' uu isaa tilmaamuun ni danda' ama. Kunis ergaa fi dubbisa gidduutti yaadoonni adda addaa akka ka' aniif gargaaran jaalalli jaalalleewwan kana lamaanii amma sadarkaa gargar ba' anii jiraachuu hin dandeenyeetti kan ibsudha. " *…Barii koo sanyii Waaqoo Guutuu" jettee yoo itti dubbatte inni immoo itti fufee " Liillii tiyya sanyii Taaddee Birruu…*" jedha.Fuula(111)

Akka yaada qoddattoota kanaatti yookaan Bariisaafi Ilillitti jaalalaa hedduun kana waliifi qabanii gootoota oromootti kan wal wamaan kan agarsiisuudha.Kunis kan agarsiisuu jaallii Bariisaafi Ililliin waliif

Qaban kan nuti mul' isuudha.Gama kanaan barreessan dhugaa hawaasa keessa jiru fayyadamuun qooddachisuu danda' eera.Seenaa asoosamicha keessatti jalqabas kaasee hanga dhuma jaalalaa uumee

Barreessun cimina yoo ta' u jechoonni yookaan himni asoosamicha keessatti itti fayyadame hin jiru.Kun immoo akka haqinaatti ilaalamuu danda' a.Kanaafuu akka waliigalatti barreessan qooddattoota gahee isaa qaban irratti hunda' uun haala fudhatamummaa qabaniif qabatama ta' anii dubbistootatti mul' achuu

danda' anii uumuu irratti cimina qaba.Kana malees qooddattota kallatti adda addaan beeksisuu danda' uun isaa asoosama kanaaf cimina ta' eera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI GOOLABAA

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun kan gaggeeffamee mataa duree mala qooddachisuu qooddattoota asoosama Ilillii Ededarraa jedhu irratti yoo ta' uu firiiwwaan asoosama keessaa qooddattoota yookaan fakkaatti irraatti xiyyeeffachuun mala qooddachisaa isaanii xiinxalee kan agarsiiseedhaa.Qorannoon kunis boqonnaalee gurguddoo shanitti qoodamee jira.

Boqonnaa tokkoffaa keessatti seenduubee,ka' umsaa qorannichaa,gaaffiilee bu`uuraa qorannichaa,kaayyoo gooroof gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa,hanqinaa qorannichaa kan ofkeessatti hammateedhaa.

Boqonnaa lamaffaa keessatti yaadrimee ogbarruu,gosoota ogbarruu,ruuqoolee ogbarruu,yaadrimee hojii kalaqaa,gosoota hojii kalaqaa,yaadrimee asoosama,asoosama gabaabaa,asoosama dheeraa,qooddattota asoosama,akaakuuwwan qooddattoota,ulaagaalee fakkaattiin asoosama keessatti ittiin qooddachiifama,tooftaawwan qooddattoota ittibocan,fudhatamaa qabaachuu qooddata,amanamummaa,full`uu kan ofkeessatti hammatedha.

Boqonnaa sadaffaa keessatti mala qorannichaa, saxaxa qorannichaa,iddattoo qorannichaa ,mala xiinxala raagaleefi maddaa raagalee kan of keessatti hammatedhaa.

Boqonnaa arfaffaa keessatti immoo raagalee qacceessuufi hiikuu yemmuu ta' uu innis haala adda addaattin kan rawwatemedhaa.Haaloonnii kunis hawaasummaan,xiinsammuu ejjennoo,haala barreessan qooddattoota ittin kalaqeefi tooftaa walitti dhufeenyaa qooddattoota kan of keessatti qabateedha.

Boqonnaa shan kana keessatti kan jiruu cuunfaa goolabaafi yaada furmaata dhiyaatee jira.Walumaa galatti qorannoon kun boqonnaalee kanan dhiyaatee jira.

## 5.2 Goolabaa

Gooolabnnii qorannoo kan haala qooddattoota asoosama Ilillii Ededarraa keessatti ittin hirmachisuu,uumu,akkasumas gahee isaan qaban xiinxaluu fiwaltti dhufeenyaa isaanii firiiwwaan asoosama kanneen biroo walin qaban adda baasuun agarsiisuudhaaMalli qooddachisuu asoosama kana keessatti barreessan itti fayyadamee kallaatti garaagarattin

mul’ ataniiru.Kanneen keessaa dubbii ,gocha,deddeebisa qooddqttoota gidduutti taasifamuun, xiinsammuu qooddachisuu,waa’ ee qooddata namoonnii yookaan qooddattoonni biroon illaalchaa maal akka jedhan waluma galatti ,kallaatti fi alkallaattin haala hubachuun danda’ amuun hirmachiseera. Kana malees qooddaattoota uumu, maqaa mooggasuu dhimmoota qabaani dhiyaatan seenaa asoosamichaa galmaan gahuu danda’ uun isaanii xiinxalameera. Haqinnii gama qooddachisaattin asoosama kana keessaatti mul àtan akka wali galaatti barreessaan yookaan asoosama lakkoofsaan baayyisufi bakka tokko tokkootti dhimmota qabatamaa ka`ee irraa maquun yookaan jijjirramuun qoddattoonni hinbarbaachisne asoosamicha keessaatti hirmaachisuu isaati. Itti dabaluuniis qoddattoota isaa ibsuuf walitti dhufeenya isaan walin wajiin qaban akkasumas dhimmonni qabatani sochoàn muraasa tahuu isaatin xiqqoo midhagina asoosamiichaa gadii busee jira . walumaa galatti asoosamni Iliilli Ededarraa haarka irra caaluun cimiina kan agarsiisuufi ergaa guddaa kan dabarsuudhaa.

### *5.3 Yaboo*

Asoosama keessatti fakkaatti qoddachiisuun gahee guddadhaa. Qoddattoota kannennifiis gahee keennuu asoosamicha kessatti dhimma tokko qabatanii akkaa sochoo`an taasiisuun haala fudhatamummaa qabaniifi dhugaa hawaasaa calaqqisiisuun dandaa`aniin hirmaachiisuun barbaachisaadha. Kana irra ka`uun barressaan yeroo barreessuu :qoddattonii seenaa asoosamichaa kessatti dhugaa kan calaqqisisaniifi hawaasa biraatti fudhatama kan qaban ta`uun irraa eegama.

- Ulaagaa qooddattonni asoosamaa guutuu qabuu osoo hin barreessin dursee xiinxaluu qabuu .
- Malawwaan qoddachisuun jiran hunda wal madaalchisuun ergaafi dhimmota asoosama ana galmaan gahuu dandaaàniin fayyadamuu qabaa.
- Akaakuuwaan qooddattoota hundaa adda baasee beekuun asoosama ana kessatti haala galumsa isaatiin hirmaachiisuun asoosamnii sun midhagina gonfatee dhiyaatuufi jargochiisaa haawwataa tahee yaada dubbistootaa akka haawwatuutti dhimma ittin bahuun qaba .
- Firiiwwaan asoosamaa jiran mara walsimsiisun asoosamicha kessatti haala umuu danda`un dhiiyeessuun barbaachiisaa taà .

Osoo hin barressin dura yaaxinaalee ammayyaa gama qooddaachisuun jiran osoo sakatta`ee /tee yookaan dubbisee /stee gaarii qaba.

# WABII


Adduya Barkeessa(2011).yaadrimee qorannoo hojii.finfinnee:Oromiyaa
Asaffa Tafarra .(2009. ) Eelaa : seeenaa ogummaa oromoo.finfinnee ;foresat trading p.l.c

Fedhasaa Taddasaa .(2013).Suubii:Buraalee. Finfinnee ;sub printing press

Geetachoo rabbirraa (2009 ),furtuu finfinnee : dhaabbata maxxansa artistikii .

Hallie and burnett.(1975). Fiction writters handbook .new york: harper and row publisher.

James hennery: (1957). The house of fiction . London ruprt Hart printing press

Urjii Lammii Ammaarree. (2017)._Ililli Ededarraa finfinne subprinting press

Shaw Herry: (1992) dictionary of literay terms .new york hill book company

Walcut chares wild(1966).mans changing max models method of characterization of fiction .U.S.A:jones press

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattun maqaafi mallattoo Koo armaan gadiitti eerame kun waraqaan Qorannoo kun hojii Koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan duraa yuunivarsiittii kammiyyuu keessatti kan hin dhiyaannee ta'uu isaa fi Yaadawwaan qo'annoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu Koo mallattoo kootiin mirkanneessa

Maqaa Qorattu _________________________

Mallattoo________________________

Guyyaa__________________________

Maqaa Gorsaa____________________

Mallattoo________________________

Guyyaa__________________________